







# Gadoo Dammaqajelchitu

-  Zulu folktale
-  Wiehan de Jager
-  Demoze Degefa
-  Oromo
-  Level 4


(imageless edition)




Seenaan kuni wa'ee Nagade,  
dammaqajelchituu; fi nama sassattu  
dardar tokko kan Ginigilee jedhamaniti.  
Gaftokko Yeroo Gingileen admsa  
dhaqe, waamicha Nagade dhagahe.  
Afaan Gingilee damma yaade jennaan  
bayee hawwee. Gingileen dhabbatee  
dhageefate lafaa simbirron suni jiritu  
barbaade. Simbirroon xiqqoon sunis,  
"chitiik-chitiik-chitiik" jechaa muka  
tokko irra gara biraati cetee. Chitiik,  
chitiik jechuu dhifte Gingileen duuka  
dhufu isaa mirkaneesuf.




Sa'ati walakka booda, hundii isaani mukka gudda tokko jala gahan. Nagade akka nama maratee dameewan gubbaa figee. Boodas damee tokko gubbaa ta'ee mataa isaa gara Gingilee qabee, "A sii kunooti, Kootu as, maltu sitursiise?" Gingileen garauu kannisa tokko ille hinagaree garu Nagade amane.




Kanaafu Gingileen eboo isaa mukaa jala ka'ee, mukaa goggogaa waltti qabee ibidda qabsiee. Yeroo ibiddichi sirriti boba'uu mukaa dheraa tokko ibiddicaha kessa ka'ee. Mukti kuni aara bayee umuudhan beekama. Amma mukaa sana koruu calqabee, mukaa gara qnaqee hinqbnee afaanti qabatee.



Yerooma sana sagaale kannisa dhagahee. Kannisonni sunis holqaa mukaa kessaa bahan. Gingileen yeroo holqaa kannisaa bira gahu aara sana gara afaan holqichaati qabee. Kannisniis aarani holqichaa kessaa badani deeman. Aaraa sana waan jibbaniif baqatani sokkan. Otto hinsokkin dura garuu Ginglee hiddani turan.



Yeroo kannisonni alaati bahan,  
Gingileen harka isaa gara holqati  
galche. Biddeen damma walalaa bayee  
qabu argate. Damma sana sutaa  
jedhee korojooti naqatee sutaa jedhe  
mukkarra bu'ee.



Nagadeen waan Gingileen hojjacha turee ilaala ture. Innis damma gudda isaa akka kennati eggachaa ture.


Nagadenis damee irraa dameet utaalun gara lafaati dhihate. Dhumarrati Gingileen lafa gahe. Nagadeenis dhakaa gubbaa ta'ee kennaa isaa eggatee.

Hata'u maale Gingileen ibdda dhamsee, eboo isaa qabatee Sibirricha dhisee gara mana isaa deeme. Nagaden aaree, akan jedheen. "vik-tor. vik-torr!" Gingileen dhaabbate, ijaa ittibasee akkan jedheen, "damma xinnoo barbaadee, ati hiriya kiyya moo? Hojii maraa anumatu hojaatee. Damma kana maliifan siqooda?" Sana booda nideeme. Nagaden bayee aaree! Hali kun garu mit. Garuu gaddo itti bahuu danda'aa.




Turbaan bayee booda, gaftokko  
Gingileen sagaale damma himaa  
Nagadee dhagahe. Damma walalaa  
sana yadatee Nagade dukaa bu'ee.  
Eega Gingilee karaa ittiagarsisuu  
calqabee booda boqachudhaf mukaa  
tokko jala ta'ee. "Ahha, holqii kannisaa  
asi jiraachu qaba" jdhee yadee.  
Hatataman mukaa aara isaa qabsifatee  
mukkicha koruu calqabe. Nagaden  
ta'ee ilaala ture.

Gingileen mukkicha yeroo koruu garu sagaale kannisa dhagahu dhisuun isaa isa dinqisiisa ture.” Holqichii gaddii fagachuu qaba jedhe yadee.” Damee biraa irra koree. Garuu holqaa kannisaa otu hinta’in fula qeransaa arge. Qeransichis hiribaa isaa irra waan dammaqeef bayee aare. Ija fi afaan ishee banudhaan ilkaan ishee hamam akka cimaa ta’e agarsiste.



Otoo qeransichi itti hin utalin,  
Gingileen dafee mukarra bu'ee. Otoo  
muddamu damee tokko qolee lafati  
akka maleeti kufee caphee. Akka carraa  
ta'e qeransci hirribarra hinkanee  
wantureef. isa dukaa hinbunee.  
Nagaden, dammaqajelchitun, gaddod  
Gingileeti batee. Gingileenis barnoota  
bayee argate.



Ijoolen Gingilee yeroo seenaa Nagadee dhagahan bayee simbirroo kana kabajan. Yeroo damma muraan hundaa, damma bayee dammaqajelchitudhaf dhissan.



# Storybooks Canada

[storybookscanada.ca](http://storybookscanada.ca)

## Gadoo Dammaqajelchitu

Written by: Zulu folktale  
Illustrated by: Wiehan de Jager  
Translated by: Demoze Degefa

This story originates from the African Storybook ([africanstorybook.org](http://africanstorybook.org)) and is brought to you by [Storybooks Canada](http://Storybooks Canada) in an effort to provide children's stories in Canada's many languages.



This work is licensed under a Creative Commons  
[Attribution 3.0 International License](http://creativecommons.org/licenses/by/3.0/).